

# Seera Gita hojjetaa fi hojechiissaa Seattle Bara 2020

Ergamni Waajjirri Gita Hojjetaa fi Hojechiissaa kara yadaa cimaa taheen hawaasaa fi hujjii isaani walitti fiduun muranno fi haqa hawasummatin tooftaa fi tillmaama harayyaan Gita Hojjetaa fi Hojechiissa guddisuu.



Maxxansii kun afaan Ingiliffaa fi afaanota hojjettoonni dubbataniin barreeffammee bakka hojiitti fi iddoo argamuu danda'utti maxxanfamuu qaba.

Waajjirri Gita Hojjetaa fi Hojechiissaa namoota miidhama qaamaa wajjin jiraataniif turjumaana, hiikaa afaanii fi bakka boqonnaa ni dhiyeessa.

SMC 14.19

## Mindaa xiqqicha

MINDAA HOJJETTOONNI KA IRRA GADII ARGACHUU QABAN QOPHEYSAA

### Guxaraa Guddaa

(501 YOOKIIN QAXARAMAA BAAYYEE)

**\$16.39**

SA'AATII TOKKOTTI

**Hanga Hojechiissaa**  
Hojjettoota hunda hojechiisaan addunyaa mara irraatti qabu lakkawii. Dhaabbattoota daldalaa bakka tokkotti beekamummaa qabaniif hojjettoota hunda neetorkii daldalichaa keessa jiran lakkawii.

**Bu'aawwan Fayyaa - Hojechiistota xiqqoo**  
Gulantaa kaffaltii gadaanaa saa'atiidhan kaffaluuf, kaffaltiin hojechiistotaa sadarkaa-meetii yookiin karooraa gargaarsota fayyaa olaanaa akka Qajeelfama hojii Kunuunsaa Federaalaa irratti eerametti ta'uu qaba.

» Hojjetaan didnaa yookiin gargaarsa fayyaaf ulaagaa hin guutani taanaan hojechiissaa xiqqaan gulantaa kaffaltii gadaanaa kaffaluu hin danda'u.

### Qaxaraa Diqqaa

(500 YOOKIIN QAXARAMAA XIQQICHA)

Hojjechiisaan hojjetaadhaaf dhuunfaatti faayidaalee wallansa fayyaatiif sa'aatiitti yoo xiqqaate \$2.25 ni kaffalaa fi/ykn hojechiisaan sa'aatiitti kanna harka yoo xiqqaate \$2.25 ni argataa?

MITI

**\$15.75**

SA'AATII TOKKOTTI

EYYEE

**\$13.50**

SA'AATII TOKKOTTI

SMC 14.16

## Kaffaltii yeroo dhukkubaa fi nagayyaa

RAKKOO FAYYAA YKN NAGEENYAATIIF BOQONNA KAFFALTII WAJJIIN BARBAADA

**Hojjettoonni akka ofii ykn miseensa maatii isaanii kunuunsaniif hojechiistonni hojjettootaaf boqonnaa kaffaltii wajjiinii kennu qabu.**

(Daa'ima, maatii, dhirsaa/niitii, hiriya mana keessaa galmaa'e, akaakayyuu/akkayyaa, ilmaa akaakoo, obbolaan)

**Yeroo dhukkubaa:** Haalli rakkoo fayyaa qaamaa ykn sammuu beellama wal'aansa fayyaa dabalatee

**Yeroo nagayyaa:** Sababoota jeequmsa mana keessaa, gadadoo saalaa, a cinnquu ykn rakkoolee fayyaa uummataa\*

### Boqonnaa kaffaltii wajjiinii fi Yeroo nagayyaa (PSST) Tamana isaa

**Hanga Hojechiissaa**  
HOJJETTOOTA WALQIXXEE  
EYEROO GUUTUU (FTEs)  
ADDUNYAA MARA

**Kuufama PSST**  
HANGA SA'AATII  
HOJJEETEETIIN

**PSST itti hinfayyadamne dabarsuu**  
WAGGAATTI

\* YEROO GAARII QABDDUUN MISEENSA MAATII KUNUUNSUUF FAYYADAMUUN NI DANDA'AMA  
\*\* SA'AATII 108 HOJJECHIISTOTA GULANTAA 3 IMAAMMATA YEROO BOQONNA KAFFALTII WAJJIINII

GULANTAA 1      GULANTAA 2      GULANTAA 3

GULANTAA 1	GULANTAA 2	GULANTAA 3
<b>Hanga 49</b> FTEs	<b>50 - 249</b> FTEs	<b>250+</b> FTEs
<b>Sa'aatii 1</b> SA'AATII 40N	<b>Sa'aatii 1</b> SA'AATII 40N	<b>Sa'aatii 1</b> SA'AATII 30N
<b>Sa'aatii 40</b>	<b>Sa'aatii 56</b>	<b>Sa'aatii 72**</b>

SMC 14.17

## Haqaa fi Carraan hujii argatuu

GALMEE YAKKAAN ITTI MURTA'U FI HIDHAA FAYYADAMUU DAANGESSA

### Kan dhorkamani dha:

- Dhadheysaa hojii kan iyyata yakkii itti murtaawe fi hidhame ture ofiirra achii basuu
- Iyyata hojii gaaffilee waa'ee galmee yakkaan itti murtaa'uu fi hidhaa, yoo hojechiisaan dursee iyyataa gahummsa irraa gadiitin adda baafate malee
- Hujii dhorrruu (ykn gochoota badaa hujii akka hinn arganee tarkaanfii adda adda) Galmee hidhaa qofa irratti hundaa'uu

**Waan tokko tokko addatii daramuu, hojiiwwan to'annoon alaa wajjin walqabatan Daa'imman umrii isaanii waggaa 16 gadii, namoota rakkoo guddinaa qaban ykn namoota miidhaaf saxilaman**

### Hojjechiistonni kan godhuu qaban:

Hanga iyyattoota gahumsa irraa gadii filat boodaatti galmee yakkaa sakatta'uu tursiisuu

Galmee yakkaa sakatta'uudhan qofa tarkaanfii hamaa fudhachuun duratti akkaataa jiran hordofuu:

- » Akka odeeffannoo sakatta'insa galmee yaakkaa irratti ibsa kennuuf ykn sirreessuf carraa kennuu
- » Bakka hojichaa yoo xiqqaate guyyoota hojii lamaf banaa dhiisuu
- » Sababa qabatamaa qabaachuu barbachisaa Namichaa Hojiin kannamuuf kun akka hojii irratti miidhaa ykn hojjetoonni akka sirnann hin hojjane kan godhuu tahuu h

SMC 14.20

## Hanna mindaa

HANNA MINDAA IRRATTI EEGUMSA GODHA

**Hojjechiistootnii dirqamaashaffee irraa jiruu maraa guyyaa kaffaltii irratti kaffaluwaa'ee hojii fi kaffaltii isaanii hojjettootaaf odeeffannoo barreeffamaan kennuu qaba.**

### Odeeffannoon barruu dirqamaa kan of keessatti qabachuu qabu:

- Maqaa hojechiissaa fi odeeffannoo inni ittiin qunnamamu
- Tamana kaffaltii, sa'atii ida'anna akka kaffalamuuf ulaagaa guutuu, bu'uura ittiin kaffalamu (sa'atii, dabaree, guyyaa, turban, komishinii) fi guyyaa kaffaltii idlee qaxaraa
- Ibsa imaammata kanna harka hojechiissaa
- Gabaasa kaffaltii adda baba'e kan Odeeffannoo guyyaa kaffaltii

### Fakkeeniyota ulaagaalee kaffaltii:

- Mindaa ka irra gadii kaffali
- Kaffaltii sa'aatii ida'anna kaffali
- Yeroo Boqonnadhaaf kaffali
- Hanga abdachiifame kaffali
- Sa'aatii hojiin dhaabbateef kaffali
- Kanna harka kaffali
- Kaffaltii tajaajilaa kaffalii (yoo hojjetaa maamilaa tajaajileef akka hinkaffalamne yoo nagahee ykn tartiiba irratti tarreeffameen alatti)
- Baasiwwan hojechiissaa bakka buusaa
- Hojjettoota akka malee qoqqoduun hin dhowaa

SMC 14.30

## Bu'aalee Adeemsaa

Hojjechiistonni hojjettoota 20 fi isaa olii qaban hojjettoota isaanii torbanitti giddu galessan saa'atii kudhan fi isaa ol hojjetanif kennu qabu, dandettin durgoo hojjettoota gibira qaban irraa kaffaltii gejjibaa yookin vanpuuli hirrisuu hanga seerri gibira federaalaa eeyyamamuuttidha. Ulaagaa kana guutuuf, hojechiistonni bakka isaa kaffaltii gejjiba guutummaan guutuutti yookiin gartokkeedhan kaffaltii gejjibaa isaa deeggarama kennu qabu. Hojechiistonni bu'aa guyyota 60 ergga hojjettonni hojii isaani eegalani kessatti dirqamaan kennufi qabuu kana hojjetaan guyyaa hojii jalqabe irraa eegalee guyyoota dhahaa 60 gaditti hir'isuu qabu.

OFFICE OF LABOR STANDARDS

## Nu Qunamaa

### Hojjettoonni

Faayila himannaa OLS waliin yookiin Faayila falmi-seeraa mana-murtii keessa

### Hojjechiistoota

Gargaarsa fudhatamaa argachuu fi/yookiin leenjii argachuu

**206-256-5297**

[www.seattle.gov/laborstandards](http://www.seattle.gov/laborstandards)

810 THIRD AVE, SUITE 375  
SEATTLE, WA 98104

LABORSTANDARDS@SEATTLE.GOV  
LABORSTANDARDS@SEATTLE.GOV